# Odeeffannoo Busaa Imaltootaaf

## Busaan maal?


Busaan dhukkuba ciniinnaa bookee busaarraa dhufudha. Talaalliin akka si hin qabne dhorku hin jiru. Busaan baayyee cimaa ta'u



mala. Busaarraa of eeguuf malli gaariin akka bookeen isiin hin ciniinnee fi wayita imaltaniifi erga deebiitanii booda qoricha hajajamu fudhachuudha. Kana dura qabamanii kan beekan ta'eyyu, namoonni yeroo jalqaba itti dhukubsatanii kaasee sa'aa 12 keessatti du'uu danda'u.

## Rakkoon buusaa eessa jiraa?

Buusaan biyyoota hedduu keessa jira. Biyyoonni diimaafi kelloo ta'an bakka balaa buusaaittiif saaxila-mtuudha.




## Imalarratti eenyutu buusaan qabamaa?



Imaltoota hunda—daa'imaafi gaheessota, tibba biyya buusaan jiru deeman hundatti qoricha ajajamu fudhachuufi bookee buusaan akka hin ciniinamne of eeguu qabaatu.

Kanaan dura yeroo baayyee kan fudhattan ta'uulleen busaarraa BILISA MITI. Namoonni tokko tokko duraan mala ittisaa kan fudhatan yoo ta'e, dandeettii ittisa buusaa muraasa qabaachu danda'u. Garuu ittisichi yoo lafa buusaan jiruu gadhiifame baatiiwwan keessatti baduu danda'a. ni bada. Qoricha buusaa fudhachuufi akka bookeen hinciniinnamne gochuun nageenya maatii keessanii eeguuf filannoo gaariidha.

Buusaan daa'ima baayyee miidhu danda'a, keessattu ijoollee yeroo hunda Ameerikaa keessa jiraatan. Daa'imniifi gaheessoonni yeroo jalqabaaf buusaan qabaman dafanii du'u danda'u.

## Osoon ulfa ta’e hoo?

Yoo ulfa jirtuutti buusaan qabamuun siifi mucaa kee baayyee hubu danda’a . Tibba ulfaa bakka buusaan jirutti imalu dhaabuun barbaachisaadha.

Kan imaltan yoo ta’e, qorichi buusaa tibba ulfaa fudhataman jiru. Qorichi kam akka siif ta’u filachuuf doktarri kee si gargaara.



## Miirrii buusaa maal fa’ii?
## Isa ofiirratti argu maal gochuun qaba?

Miirri buusaa ho’a, kirkirsoo, qorra, dhukkubbii mataa fi dadhabiidha. Akka waan qufaan isiin qabe isiniitti dhagahamu mala. Garaa kaasaa fi haqisiisaas qabaachu maltu. Battalumatti yoo wallaanaman malee buusaan ajjeesuu danda’a. Imalaan miira ho’aa ykn dhukkuba akka qofaa qabu kamiyyu doktara bira dhaqu qabaata. Wayita imalarra jirtu ykn erga gara US deebiiteen booda buusaa dhukkubsachu dandeessa. Biyya buusaa qabu dhaquufi amma qoratamuuf akka barbaaddu doktara keetti himi.

Buusaa irratti odeeffannoo dabalataa argachuuf, www.cdc.gov dowwachuun ‘malaria’ barbaadi.

Bakkeewwan imaltaniitti balaan buusaa jiraachu ilaaluuf, www.headinghomehealthy.com dowwadhaa.

University of Minnesota
Department of Health
651-201-5414
www.health.state.mn.us
Oromo
9/2021